Oromo

Balaa koronavayiresi ofii kee fi namoota kaan irraa hir'isuuf tarkaanfii saphlaa ati fudhattu

the power of humanity

Saamunaa fi bishaanin, yoo xiqaate sekondii 20 **yeroo hunda harka kee dhiqadhu**, yookaan waan harka ittiin haxaawwatan alkoolummaa qabu dhimma itti bahi.

Ciqilee yookaan haxooftuu keessatti **qufa'i yookaan haxxifadhu.** Haxooftichas qodaa kosii keessatti gatii harka kee dafii dhiqadhu.

Nama qama gubaa yookaan qufaa qabu kam iyyuu **irraa fagaadhu.**

Yoo si dhukkube mana turi. Yoo qama gubaa, qufaa yookaan rakkoo afuura baasachuu qabaatte gorsaaf doktora naannoo kee jiru yookaan 1800 020 080 bilbili.

Tarii torban 2f adda baatee mana turuu kan si barbaachisu yoo taheef **maatii keetiif karoora qabaadhu.**

Yoo fayyaa taate, haguuggii afaanii uffachuu si hin barbaachisu.

Tasgabbaawi, hin bir'atin. Namootni koronavayiresii qaban baay'een isaanii hanga tokko qofa dhukkubni itti dhagahama.

Jaarolee fi namootni dhukkubsataa jiran caalaatti balaa kanaaf saaxilamoo dha.

Gaaffii? Sararaa Odeeffannoo Fayyaa Koronavayiresii 1800 020 080 irratti itti bilbili. Afaan keetiin kan siif hiiku gaafachuu dandeessa.

Odeeffannoon Damee Fayyaa fi WHO irraa

11 Bitootessa 2020